Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

Vol. 2 No. 2 June 2019
https:journals.ju.edu.et

e-ISSN: 2616-3985
p-ISSN: 2616-3977

A Bilingual Journal of the Institute of Oromoo Studies
(IOS) Jimma University

*Full Length Research Paper*

# Xiinxala Adeemsa Saxaxa Sirna Barnootaa Afaan Oromoo Sadarkaa Lammaffaa

**Margaa Gammadaa (PhD C.) ***
**Wollega University**
**Institute of Language Studies and Journalism**
**Email:margaa.gammadaa445@gmail.com**

Submission Date: 22/05/2019
Acceptance Date: 10/09/2019

## Axereeraa

*Qorannoon kun xiinxala adeemsa saxaxaa sirna barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa.Kaayyoon isaas, imaammatarraa kaasee hanga barreeffama kitaaba barnootaatti, adeemsa keessa darbee qophaa'e qorachuudha. Galma ga'iinsa isaafis saxaxa sakatta'a qaxxaamuraatti (cross-sectional survey) gargaaramuun ragaalee mala walmakaan guuraman. Ragaaleen guuraman kunneen yaad-hiddama piragimatizimii bu'uura godhachuun hammamtaan akkayyaa istaatiksii ibsaa, t-testii iddattoo tokkoofi riigiraashinii pirobiitiin; akkamtaan ammoo qo'annoo addeen (case study) qaacceffame. Iddattoonni bargaaffiif barsiisota (15) mala ammargeetiin, barattoota (40) mala carraa tasaan filatamaniiru. Akkasumas, afgaaffiif ammoo ogeessota sirna banootaa Ministeerrii Barnootaa fi Biiroo Barnoota Oromiyaa, barreessitoota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo, maatii, barsiisotaa fi barattootaa (n=26) mala kaayyeffataan filaman waliigala (n=81) hirmaataniiru. Ragaalee walitti qabuuf, gaaffii barreeffamaa, gaaffii afaanii, marii garee xiyyeeffannoofi galmee sakatta'uutti dhimma bahame. Argannoon ijoo, barnoota Afaan Oromoo sadarkaa 2ffaaf bu'uurrii imaammata afaan dhalootaa barsiisuu ta'ee, adeemsa isaa eegee hojmaatni sirna barnootaa Afaan Oromoo irraa saxaxame hinjiru; saxaxeessitootas hinqabu. Barnoota kana qopheessuuf akka ka'umsaatti kan gargaare, sirna barnootaa Afaan Amahaaraaf saxaxamerraa silabasii madaqfame. Sirni barnootaa Afaan Oromoo kitaaba barnootaa keessaan dhiyaates ulaagaa saxaxuu keessa darbuu isaarratti bu'aan (mean) giddu-galeessati argame. Innis bu'aa mala dhahaa akkayyaa t-testii iddattoo tokkoon qoramee barbaachisummaan (sig.) istaatiksii kan jiru ta'uu hubatame. Kunimmoo, sirni barnootaa AO adeemsa saxaxuu sadarkaa isaa eeggateen kan hinqophoofne ta'uu agarsiise. Kanarraa kan ka'e, dhimmamtoonni gara oliifi gara gadii xiyyeeffannoo itti kennuun walitti dhufeenyaan irra deebiin adeemsa saayinsawaa eeguun akka saxaxan qorannoon kun kallatti dhiyeessa.*

***Jechoota Ijoo:*** *Adeemsa, Afaan Oromoo, Saxaxa, Sirna barnootaa*



* Corresponding author.

# Abstract

*The purpose of this study is to investigate the process of Afaan Oromoo curriculum design in case of secondary school starting from its educational policy to the development of instructional material. The study employed cross-sectional survey designed to examine the process of the curriculum design. The approach of the study was mixed consisting of quantitative and qualitative data collected and analyzed likewise. Data were collected from a total of (n=81) participants: (n=15) in-service Afaan Oromoo teachers who were selected by availability sampling technique for questionnaire and four for interview, and (n=40) students who were chosen using simple random sampling for the study to fill the questionnaire and ten for FGDs to get both qualitative and quantitative data. Qualitative data were collected from Ministry of Education, Oromia Educational Bureau (OEB), Afaan Oromoo Textbook writers, students' family, (n=12) by using purposive sample. There were four measurement tools employed in the study: close-ended questionnaire, semi-structured interview, focus group discussions and document analysis. Quantitative data were collected and analyzed through Statistical Packages for Social Sciences (SPSS) version 20 using descriptive statistics of mean and standard division, one sample t-test and probit regression. The findings of the study indicated that the base for preparing secondary School Afaan Oromoo curriculum was the foundation of mother tongue educational policy. But the Afaan Oromoo curriculum under the study has no proper designers and scientific framework. The base used for the preparation and adaptation of Afaan Oromoo curriculum was the designed curriculum and syllabus for Amharic language. Those are the factors that affect the quality of the current curriculum. The observed mean average of the designed content in the curriculum revealed through textbook is 2.86, and the standard deviation 1.09. This shows that Afaan Oromoo curriculum was designed in a medium standard. But when compared the observed means average with an expected average of one sample t-test (3.00), there is statically significance (p<.05). This indicates that Afaan Oromoo curriculum was not properly designed based on the scientific curriculum design. From the findings of the study it is recommended that a reformation of the structure of the curriculum in the study context is seriously needed and that the involvement of the appropriate stockholders on the design of curricula is of paramount importance.*


**Key words:** Afaan Oromoo Curriculum, Analysis, Curriculum Design, Process

## 1. Seensa

Itoophiyaa keessatti A.L.A. bara 1991 dura, sirni barnootaa Afaan Oromoo saxaxamee (*designed*), barnoonni idileen kennamaa hinturre. Haata'u malee, bara 1991 booda, imaammanni barnootaafi leenjiin haaraa biyyattii keessatti labsame (MoE, 2009, f.22). Sanarraa kaasee, sabaafi sab-lammoonni biyyattii afaaniifi aadaa isaanii akka guddifatan, afaan hojiifi barnootaa akka taasisan labsiitiin mirgi kenname. Kanarraa kan ka'e, barnoota sadarkaa tokkoffaa (kutaa 1-8) sirna barnootaa saxaxanii, kitaabaa barnootaa akka qopheessaniif mootummoota naannoleef itti gaafatamummaan kenname. Sadarkaa dhaabbata leenjii barsiisotaattis sirni barnootaa Afaan Oromoo qophaa'ee ittiin baratamuufi barsiifamuuf carraa argate. Kanaan walqabate, sirni barnootaa Afaan Oromo sadarkaa

lammaffaa karoorsuu, saxaxuufi qopheessuuf itti gaafatamummaa kan fudhate Ministeera Barnootaa (MB) ta'ee, bara 1988 (A.L.I.) qophaa'ee hojiirra oole (MoE, 1994, f. 23).

Itti fufee, sirni barnootaa Afaan Oromoo A.L.I bara 1996 yeroo lammaffaaf fooyyeffamee, kitaabni barnootaa maxxanfamee dhiyaate (Kitaaba barnootaa Afaan Oromoo, 1996). Yeroo sanattis, qorannoofi madaalliin waliigalaa taasifamee qaawwaa mul'ate cufuuf ragaan dhiyaate waan hinjirreef, adeemsaafi ulaagaalee sirna barnootaa saxaxuun itti raawwatamu kan hordofe hinturre (Fisher'fi Swindells, 1998, f, 312). Adeemsa kana fakkaatuun, sirni barnootaa Afaan Oromoo, irra deebi'amee A.L.I bara 2001, 2002'fi 2005 si'a shanaffaa maxxansiifame. Haata'u malee, A.L.I bara 1996 kaasee hanga 2005'tti akkaataan qophii sirna barnootaa Afaan Oromoo adeemsa saxaxa saayinsawaa sirna barnootaa irratti kan hundaa'e miti.  Kunimmoo, dandeettiiwwan afaanii ga'umsaan akka hinguddifanne taasisa.

Kun kana ta'ee, Itoophiyyaa keessatti sadarkaa tokkoffaatii hanga yuunivarsiitiitti adeemsi dhiyeenya raawwii saxaxa sirna barnootaa afaanii gubbaa-gara gadiiti. Kanaaf,  bifa walfakkaataan gad-bu'iinsa qulqullina barnootaaf ka'umsa ijoo ta'e (Jeilan 2013, f.154fi). Barnoota afaanii rakkoo akkasii qaban keessaa sirni barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa isa tokko. Sababiin, dandeettiifi dagaagina afaanii xiyyeeffatee adeemsa saxaxa saayinsawaan waan hinqophoofneef. Kanaaf, Awol (1999, f. 9) sirni barnoota afaanii sadarkaa lammaffaaf qophaa'ee barsiifamu barattoonni qormaata biyyoolessaa akka ittiin fudhataniif malee, dandeettii waliigalaa akka horatan xiyyeeffatee kan hinqophoofne ta'uu mirkaneesse. Kanaan walqabatee, qaawwan biroon, sirni barnootaa afaan Afaan Oromoo yeroo saxaxametti adeemsa qorannoo saayinsawaa kan hordofe ta'uu ragaan galmee (*document)* MBfI BBO keessa kaa'ame hinjiru. Darbee, adeemsa saxaxa sirna barnootaa Afaan Oromoo irratti qorannoo hojjetame qorataan hinagarre. Kunimmoo, qaawwaa qorannoo barbaadudha. Kanarraa kana ka'e, dhimma kana qorachuun kan barbaachiseef, adeemsa sirni barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa itti qophaa'e adda baasuun, odeeffannoo duub-deebii dhiyeessuuf. Galmi isaas, sirna barnootaa Afaan Oromoo qulqullina qabuufi sadarkaa isaa eeggate akka qophaa'uu, kanneen dhimmisaa ilaallatuuf kallattii agarsiisa. Kaayyoon qorannoo kanaas, sirni barnootaa Afaan Oromoo hammam adeemsa saxaxa saayinsawaa keessa darbee akka qophaa'e adda baasuufi sirna barnootaa Afaan Oromoo adeemsa saayinsawaan qopheessuu irratti sababoota dhiibbaa miti sirrii taasisan ibsuudha.

## 2. Sakatta'aa Barruu

Sirna barnootaa saxaxuun ogummaafi adeemsa saayinsii hordofuun kan walqabatu ta'ee, caalmaatti bu'a-qabeessa taasisuuf caasaa isaa eeganii qindeessuudha (Pratt, 1994, f.29). Qabxileen adeemsa saayinsawaa hordofan kunneenis, fedhii dhimmamtootaa (barataa, barsiisaa, maatii barattootaa, leenjifamtoota gara garaafi kaan biroo) adda baasuu; kaayyoo qopheessuu, qabiyyee barnootaa filuu; maloota barachuu barsiisuu murteessuu; garaagarummaa dhuunfaa yaada keessa galchuu; meeshaalee barnootaa qopheessuufi madaallii murteessuu fayi (Richards, 2001, f.7; Nation'fi Macalister, 2010, f. 251fi).

Karaa biraatiin, sirna barnootaa saxaxuun waantonni walfakkaataan walqabatanii dhimma tokkoof akka oolan qindeessuudha. Kanaaf, akka McKernan (2008, f. 85)'fi Wang (2006,

f.27) sirna barnootaa saxaxuun, ulaagaalee hammataman qindeessuufi tartiiba sirrawaa qabsiisuudha. Brindley (1989a, f. 63) sirna barnootaa saxaxuuf, qaaccessa fedhii barattootaa giddu-galeessa godhachuu irraa eegaluun murteessaadha. Sababni isaa, afaan barsiisuu keessatti barattoota xiyyeeffachuun wixineessuu, barsiisuufi madaaluun murteessaa waan ta'eef. McKernan (2008, f. 140) gama isaatiin sirna barnootaa afaanii saxaxuun, fedhii qaaccessuu, gara kaayyoo baratamuutti hiikuu, kaayyoo gooroofi gooreetti caccabsuu, kaayyoowwan gooreefi qabiyyeewwan boqonnaa barnootaatti qoqqooduudha.

Sirni barnootaa adeemsa saayinsawaa eegee qulqullinaan qophaa'uu keessatti sababoonni dhiibbaa sirriifi sirrii akka hintaane taasisan nijiru. Isaanis, siyaasa, hawaasummaa, xiinsammuu, ogbarsiisa, dinagdee, teknoloojiifi seera barnoota irratti baafamudha (Mata, 2012, ff.12-24; Posner, 1995, f.26). Kana malee, Wang (2006, f.37) sababoota dhiibbaa uuman sababoota alaafi sababoota keessaa jechuun dhiyeessa. Sababoonni alaa xiyyeeffannoo dhabuun dhiibbaa uuman: aadaa, dhaabbilee, bulchiinsa barnootaati. Sababoonni keessaa ammoo, barsiisotaafi barattoota, leenjii basiisotaa, deegartoota leecalloo, murtessummaafi amantaa barsiisotaa, ilaalcha barsiisotaa, hubannoofi abbummaan fudhachuu isaaniiti. Akka Otunga'fi Nyandusi (2009, f.38) sababoonni dhiibbaa uuman angoo siyaasaafi galumasa hawaas-dinagdee akka ta'e hubatameera.

## 3. Mala Qorannichaa

### 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo, adeemsa qorannoon keessa darbee furmaata dhiyeessudha (Creswell, 2012, f. 374). Adeemsa kana keessatti, malli qorannoo walmakaa akka hojiirra ooluuf dhimmoota ijoo ta'an caasaan dhiyeessee. Kanneenis, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaa, ragaa qindeessuu, hiikuufi ibsuu bu'uura godhate. Kanaaf, qorataan, ragaalee walitti qabuuf saxaxa sakatta'insaa qaxxaamuraatti *(cross-sectional survey design)* dhimma ba'e. Kaayyoon isaa, akka Creswell (2012, f.377) eeranitti sirni barnootaa qophaa'ee jiru adeemsa saxaxa saayinsawaa hordofee hagam akka qophaa'ee fi adeemsa qophii isaa keessatti sababoota dhiibbaa sirrii hintaane taasisan kallattii gara garaa irraa odeeffannoo walitti qabee xiinxaluuf.

### 3.2 Mala Iddatteessuu

Qorannoo kanaan dhugummaa ragaa walbira qabee mirkaneeffachuufi argannoo walitti fidee walsimsiisee dhiyeessuuf akka ta'utti qorataan iddatteessuu walmakaatti gargaarame. Innis ogeessota sirna barnootaa MB'fi BBO keessaa namootaa ja'a, barreessitoota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa kallattiin namoota sadii, maatii barattootaa sadii, barsiisota Afaan Oromoo afuriifi barattoonni kudhan waliigaala (n=26) mala kaayyeffataan filataman. Akkasumas, Godina Wallaggaa Bahaa keessaa barsiisota Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keesatti barsiisan dhiiraa 8(% 53.3)'fi dhalaa 7(%46.7) waliigalatti (n=15); akkasumas, barattoota dhiiraa 22 (%55) fi dhalaa 18(%45) waliigala (n=40) mala carraa tasaan iddatteeffaman.

### 3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Meeshaaleen funaansa ragaalee gaaffii barreeffamaa caaseffamaa cufaa, gaaffii afaanii gamisa caaseffamaa, marii garee xiyyeeffannoofi galmee sakatta'uudha. Kaayyoon meeshaalee funaansa ragaalee kun, gaaffilee bu'uuraa sirni barnootaa Afaan Oromoo hagam adeemsa saxaxa saayinsawaa keessa darbee akka qophaa'e ittiin ilaaluuf. Inni biroon, marii garee xiyyeeffannoo ta'ee, barattoota Afaan Oromoo bara 2011 (A.L.I) mana barumsaa Daaloo sadarkaa lammaffaa baratan irraati. Isaanis dhiira saddeet (8)fi dhalaa lama (2) ta'ee, waliigala barattoota kudhan (10) garee lamatti qooduun raawwatameera.

### 3.4 Adeemsa Ragaalee Qaaccessuufi Hiikuu

Adeemsa ragaalee qaaccessuufi hiikuun mala walmakaatti dhimma ba'uun ragaaleen walitti fidamee (triangulation) qindaa'e. Ragaalee hammamtaan qaaccessuuf, akkayyaa istaatiksii ibsaafi t-teestii iddattoo tokkootti dhimma bahame. Qorataan akkayyoota kanaan hojjechuuf SPSS vershinii 20 dhimma bahe. Isaanis bu'aa gidduu (mean) fi safartuu bu'aa addaa (standard deviation) adda baasuuf itti gargaarame. Iskeelii liikertii gargar fageenyi isaa walqabate bargaaffilee safaramaniif dhiyaate (1=CM, - 5=CD) kan qaacceffamedha. Bu'aan ragaalee gargar fageeya gidduutti argaman adda baasuuf, unkaa *(formula*) qorattoonni Alkharusi, Alkhafri, Alnabhani'fi Alkalbani (2012, f. 222) gargaaramanitti dhimma ba'ameera. Kanneenis: akka qorannoo kanaatti qorataan dursa liikertii shan (1=CM, - 5=CD) adda baase. Itti aansee, bal'ina isaati adda baafame. Kunneenis, unkaa kanatti aanuun dhiyaateera.

$$\text{Bal'ina kutaa} = \frac{\text{bu'aa ragaa baay'inaa - bu'aa ragaa xiqqeenyaa}}{\text{Hanga lakkoofsa kutaalee}}$$

$$Bk = \frac{5-1}{5} = 0.8$$

Kanarraa kan ka'e, hanga addaan fageenya ragaalee murteessuuf 1.00 (CM) - 5.00 (CD)'tti guutamanii jiranitti bal'ina bu'aa itti ida'uun addaan fageenyi isaa adda ba'e gabatee kanatti aanu irratti dhiyaateera.

**Qabxiiwwan bargaaffii iskeelii liikertii hiikuuf gargaaran**

| Bu'aa gidduu *(mean value)* | Sadarkaa *(ratings)* | Sadarkaa bu'aa |
|---|---|---|
| 1.00-1.79 | Baay'ee gad-aanaa | lee bu'aa gad-aanaa *(low value class)* |
| 1.80-2.59 | Gad-aanaa | |
| 2.60-3.39 | Giddu-galeessaa | bu'aa gidduu *(neutral value class)* |
| 3.40-4.19 | Olaanaa | lee bu'aa olaanaa *(high value class)* |
| 4.20-5.00 | Baay'ee olaanaa | |

Madda: Alkharusi, Aldhafri, Alnabhani, fi Alkalbani (2012, f.222)

Akka gabatee kanaatti, qorataan barbaachisummaa (*sig.*) jirachuu ilaaluuf t-testii iddattoo tokkootiin gargaarame. Innis bu'aa argamee *(observed mean)'*fi bu'aa mala dhahaa (*a hypothesis mean*) walbira qabee walmadaalchisuun madaaluuf. Adeemsi itti dhimma

bahames dursa, mala dhahaa naliifi filatamaa adda baafame; itti aansee, ragaaleen guuraman istaatiksii t-testiitiin hojjetame. Darbee, sadarkaa barbaachisummaafi digirii firiidemiif akka mijatutti, (*comper* $t_{calc}$ *the tabulated t-value,*) hojjetameen waldorgomsiifame. Kanatti dhimma ba'uuf, unkaan *(formula)* kanatti aanee dhiyaateera.

$$t = \frac{\bar{x} - \mu_0}{s/\sqrt{n}}$$

Kunis, mala dhahaan yoo ilaalamu:

$H_0$: $\mu = \mu_0$

$H_0$: Saxaxa sirni barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lamaffaa irratti bu'aa argameefi bu'aa mala dhahaa gidduu garaagaraummaan barbaachisummaa hinjiru.

$H_{a:}$ $\mu > \mu_0$ yookaan

$H_a$: Saxaxa sirni barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lamaffaa irratti bu'aa argameefi bu'aa mala dhahaa gidduu garaagaraummaan barbaachisummaa jira.

Ragaa qaaccessuuf, akkayyaan biroon qorannoo kana keessatti itti dhimma bahame, bayinarii pirobit rigireeshiniidha. Kaayyoon isaas, sirna barnootaa Afaan Oromoo saxaxuu irratti sababoota dhiibbaa sirrii hintaane taasisan adda baasuun qabxii bu'aa gidduu hojjechuuf. Ta'us, jijijjiiramoonni liikertii '1CM hanga 5CD' jiran tokko tokkoo isaanii gidduu bu'aa qabxii jiru adda baasuun rakkoo ture. Kanaaf, qorataan deebii hirmaattonni tokko tokkoon guutan walitti ida'uun deebisee jijijjiiramoota 5f hiramee avirejjiin isaas adda bafame. Isas gara indeksiitti jijjiiruun bu'aa isaa fudhatame. Kanarraa kan ka'e, akkayyaan kun unkaa kanatti aanuun bakka bu'e.

$\Pr(Y=1 \mid X) = \Phi(X^T\beta)$

Pr tasummaa *(probability*); Φ faca'iinsa waliigalaa (*cumulative distribution function*) idilaawaa; $\beta$ carraa baay'ina tilmaamamuu agarsiifti.

## 4. Xiinxalaafi Argannoo Qorannichaa

### 4.1 Adeemsa Saxaxa Saayinsawaa Hordofuu Sirna Barnootaa Afaan Oromoo

Sirni barnoota AO sadarkaa lammaffaa adeemsa saxaxa saayinsawaa sirna barnootaa keessa darbee (naannoofi fedhii qaaccessuutii hanga madaallii waliigalaatti) kan qophaa'e ta'uufi dhiisuu isaa ragaan agarsiisu kanatti aanee dhiyaateera.

**Sirni barnootaa AOf qophaa'e ulaagaa gutee kitaaba barnootaa keessaan dhiyaachuu**

| *Jijijjiiramoota deebii (predict variables)* saxaxa sirna barnootaa Afaan Oromoo | Bu'aa giddu | Sitan. Div. |
|---|---|---|
| Naannoo qaaccessuu | 2.72 | 1.066 |
| Fedhii qaaccessuu | 2.68 | 1.091 |
| Galmaafi kaayyoo qopheessuu | 2.66 | 1.031 |
| Qabiyyee filuufi qindeessuu | 2.62 | 1.090 |
| Dhiyaannaafi dhiyeessa | 3.29 | 1.110 |
| Hordoffiifi gamaaggama | 2.95 | 1.084 |
| Madaallii | 3.17 | 1.149 |
| Saxaxa sirna barnootaa Afaan Oromoo, *(Grand Mean)* | (*BG* =2.864, *SD* =1.090) | |

** Bu'aa giddu (BG) = mean; * Sitan. Div (SD) = standard deviation*

Ulaagaalee adeemsi saxaxa sirna barnootaa afaanii keessa darbu bu'uura godhachuun sirni barnootaa Afaan Oromoo saxaxamuu adda baasuuf ragaaleen cuunfamee dhiyaateera. Kunis tokko tokkoo ulaagaalee dhiyaatan jalatti bu'aan mul'ate adda ba'ee qaacceffame. Kanneen keessaa, dhiyaannaafi dhiyeessi (*BG* = 3.29, *SD* = 1.110); madaallin (*BG* = 3.17, *SD* = 1.149)'fi hordoffiif gamaaggamni (*BG* = 2.95, *SD* =1.084) sadarkaa giddu galeessaa amansiisaa ta'erratti kan mul'atanidha. Garri caalaan ammoo, bu'aa sadarkaa gidduu keessaa gara bu'aa sadarkaa gad-aanaatti dhiyaatu.

Haata'u malee, sirni barnootaa Afaan Oromo ulaagaalee saxaxa sirna barnootaa bu'uura godhachuun saxaxamuu isaa irratti ragaalee waliigalaa irraa qabxiin dimshaashaa (*grand mean*) bu'aan gidduu (*BG* = 2.864, *SD* =1.090) dhiyaateera. Bu'aan kunis, sadarkaa gidduu keessatti argama. Ta'us, adeemsa sirna barnootaa Afaan Oromoo saxaxame irratti bu'aan argame kun, barbaachisummaa (*sig.*) qabaachuu mirkaneeffachuuf, qorataan akkayyaa *t*-teestii iddattoo tokkoon qoreera. Isas bu'aa mala dhahaafi bu'aa gidduu waliigalaa argame walbira qabee *(sig.)* qore. Kanarraa kan ka'e, bu'aan qormaata akkayyaa kanaan argame gabatee kanatti aanu keessatti dhiyaateera.

**Adeemsa saxaxa sirna barnootaa Afaan Oromoo irratti walmadaallii bu'aa mul'ateefi bu'aa mala dhahaa t-testii iddattoo tokkoon**

| Jijijjiiramaa | Lak/ F. | BG/ Mean | SD | Bu'aa mala dhahaa | t | df | Sig. |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Adeemsa saxaxa sirna barnootaa waliigalaa | 15 | 2.864 | 1.090 | 3.00 | 20.970 | 14 | .001* |

**p* <.05

Akkuma gabatee kanarraa hubatamutti, saxaxa sirna barnootaa Afaan Oromoo waliigalaa irratti qormaata akkayyaa t-testiin dhiyaateen bu'aan $t$ (14) = 20.970, $p < .05$) mul'ateera. Haata'u malee, ragaalee waliigalaa irraa bu'aan gidduu argame (*BG* = 2.864, *SD* =1.090), bu'aa mala dhahaa dhiyaateen gadi. Kanarraa kan ka'e, saxaxa sirna barnootaa Afaan Oromoo irratti qabxiin bu'aa mul'ateefi bu'aa mala dhahaa gidduu garaagarummaan barbaachisummaa kan jiru ta'uu agarsiiseera ($p$ <.05). Saxaxa sirna barnootaa Afaan

Oromoo irratti qabxiin bu'aa sadarkaa alfaan gadii argamuuniifi barbaachisummaan (sig.) mul'achuun, saxaxa sirni barnootaa keessa darbee qophaa'u irratti bu'aan argame quubsaa akka hintaane kan agarsiisudha.

Bu'aa ragaa gabatee olii keessatti dhiyaateen walqabatee ulaagaa saxaxni sirna barnootaa Afaan Oromoo hordofuu qabu ilaalchisee odeeffannoon afgaaffiin guurameera. Ragaa guurame irraa wanti hubatame, sirni barnoota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaaf qophaa'e naannoofi fedhii qaaccessuu hinbu'uureffanne. Akkasumas ogeessonni BBO barnoonni qophaa'e hir'ina beekumsaa, fedhii, barbaachaafi hawwii barattootaa hinguutu; barachuufis hinkakaasu. Akkaataa barachuu barattootaa hunda giddu-galeessa kan godhate miti. Leenjii barsiisotaanis walitti dhufeenya inni qabu xiqqaa ta'uu barsiisonni ibsan. Meeshaa deeggarsa barnootaaf xiyyeeffannoon kenname hinjiru. Barnootichis, akkaataa afaan dhalootaa barachuu barsiisuuf ta'utti hinqophoofne. Fedhiifi barbaacha barattootaan walsimee hindhiyaatne. Darbee, baranootichaan qabiyyeen hammatame sadarkaa barattootaan gadi. Kanaaf, akka waan fedhan hojjetaniif dandeettii isaanii kan guddisuu miti. Sirna barnootaa kana osoo hinqopheessin duraan, dandeettii barattootaa si'anaa (*current proficiency)* xumura barumsaan booda ga'umsa barbaachisu *(target proficiency)* adda ba'ee kan hinjirre ta'uu od-himtoonni barsiisotaa mirkaneessan. Yaanni kun, ragaa sakatta'iinsa kitaaba barnootaa taasifameenis waldeeggara. Innis qabiyyeen KBAO keessatti hammatame, dandeettiifi sadarkaa dhiyaateen gadi; walmakiinsaafi walmadaallii dhiyeessa dandeettiiwwannii, qabiyyee ogbarruufi aadaa hawaasaaf xiyyeeffannoon hinkennamne.

**4.2 Adeemsa Sirna Barnootaa Afaan Oromoo Saxaxuu irratti Sababoota Dhiibbaa Taasisan**

Adeemsa saxaxa sirna barnootaa irratti, sababoonni gara garaa dhiibbaa sirrii hintaane taasisan nijiru. Fakkeenyaaf, rakkoo dinagdee, qaamni siyaasaa gidduu seenuu, rakkoo qindoominaa, madaallii quubsaan dhibuu, dhimmamtootaan mirkaneeffamuu dhabuu, adeemsi qophii keessatti baadiyyaarra magaalaa giddu-galeeffachuu; meeshaalee deeggarsaafi leenjiin barsiisotaan walsimuu dhabuu, falaasama hawaasaafi kan biyyoolessaaf xiyyeeffannoo kennuu dhabuufi kan kana fakkaatanidha. Kun kana ta'ee, Sirni barnootaa Afaan Oromoo qulqullinaan saxaxamuu irratti sababoota dhiibbaa sirrii hintaane taasisan adda baasuuf ragaaleen guurameera. Ragaaleen jijijjiiramoota deebii yookaan sababoonni dhiibbaa sirrii hintaane taasisan akkayyaa pirobit rigirashiniin gabatee kanatti aanu keessatti dhiyaatee xiinxalamera.

**Sirna barnootaa Afaan Oromoo qulqullinaan saxaxuu irratti sababoota dhiibbaa sirrii hintaane taasisan bu'aa pirobit rigireshiniin**

Marjinal iffektii pirobit booda

y = Pr (sirna) (predict)

= .97045375

| Jijijjiiramaa | dy/dx | Std. Err. | Z | P>\|z\| | [ 95% C.I. | ] | X |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Beekumsa Afaan Oromoo | 4.086179 | 1.36321 | 3.00 | 0.003 | 1.41434 | 6.75801 | .826667 |
| Dhimmamaa | -4.045106 | 1.3495 | -3.00 | 0.003 | -6.69008 | -1.40013 | .893333 |
| Ilaalcha qajeelaa | 4.83136 | 1.61181 | 3.00 | 0.003 | 1.67227 | 7.99045 | .906667 |
| Dura ture | -8.452106 | 2.81974 | -3.00 | 0.003 | -13.9787 | -2.92552 | .933333 |
| Barbaacha | 4.342996 | 1.40349 | 3.09 | 0.002 | 1.59221 | 7.09378 | .88 |
| Hirmaannaa | 4.936646 | 1.64693 | 3.00 | 0.003 | 1.70872 | 8.16458 | .906667 |
| Hayyoota | -4.663305 | 1.4824 | -3.15 | 0.002 | -7.56875 | -1.75786 | .92 |
| Paayiletii | 7.859945 | 2.62219 | 3.00 | 0.003 | 2.72055 | 12.9993 | .92 |
| Leenjii barsiisaa | 4.042198 | 1.30491 | 3.10 | 0.002 | 1.48463 | 6.59977 | .906667 |
| Galumsa | -9.795036 | 3.26776 | -3.00 | 0.003 | -16.1997 | -3.39035 | .933333 |
| Galma baruu barsiisuu | -6.872425 | 2.29274 | -3.00 | 0.003 | -11.3661 | -2.37875 | .946667 |
| Madaalamuu | 24.89422 | 8.30506 | 3.00 | 0.003 | 8.61661 | 41.1718 | .986667 |

*$p$<.05

Gabateen kun sirna barnootaa Afaan Oromoo saxaxuu irratti sababoota dhiibbaa sirrii hintaane taasisan dhiyeesse. Kana keessatti, qulqullinaan saxaxamuu dhabuu isaa irraatti sababoonni dhiibbaa sirrii hintaane taasisan jiraachuu irratti jijijjiiramaan dhaabbataan merjinal iffektii pirobiti booda *(marginal effects after probit)* % .9704 argame. Kunimmoo, jijijjiiramaa dhaabbataan bu'aa tilmaama sirrawwaa waan agarsiiseef jijijjiiramoonni deebii *(predict variables*) hundi isaanii barbaachisummaa *(sig.)* akka qabaatan agarsiiseera.

Kanarraa kan ka'e, dhiibbaa sirrii hintaane taasisuun bu'aan gidduu jijijjiiramoota deebii dhibbantaa/ % 1 yoo dabalu, adeemsi qulqullinaan saxaxamuu sirna barnootaa Afaan Oromoo (AQSSB Afaan Oromoo) dhibbantaa *merijinal effect* mul'ateen (if +ve) kan hir'isu ta'uu agarsiise. Fakkeenyaaf, sirni barnootaa Afaan Oromoof erga qophaa'ee hojiirra oolee *madaallii* (deemsaafi waliigalaa) taasifamee saxaxamuu dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % 24.894 akka hir'isu; sirna barnootaa Afaan Oromoof qophaa'ee otoo hinmaxxansiin dura *paayiletii* taasifamuu dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo %7.859 akka hir'isu; saxaxeessitoonniifi barreessitoonni Afaan Oromoo irratti *beekumsa* ga'aa dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % 4.986 akka hir'isu mul'ateera. Haaluma kanaan, sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessuu keessatti *hirmaannaan* dhimmamtootaa xiqqaachuun % 1 yoo dabalu,, AQSSB Afaan Oromoo % 4.936 akka hir'isu; qopheessitoonniifi barreessitoonni Afaan Oromoo irratti *ilaalcha qajeelaa* dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % 4.831 akka hir'isu; otoo sirna barnootaa Afaan Oromoo qophessuutti hinseeniin dura, *barbaacha/ fedhii* adda baasuurraa ka'uu dhiisuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % 4.342 akka hir'isuufi sirni barnootaa AOf

qophaa'eefi *leenjiin barsiisotaa* walsimuu dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % 4.042 akka hir'isu hubatameera.

Kana malee, dhiibbaa sirrii hintaane taasisuun bu'aan gidduu jijijjiiramoota deebii dhibbantaa/ % 1 yoo dabalu, adeemsi qulqullinaan saxaxamuu sirna barnootaa Afaan Oromoo (AQSSB Afaan Oromoo) dhibbantaa *merijinal effect* mul'ateen (if -ve) kan dabalan ta'uu agarsiiseera. Fakkeenyaaf, saxaxeessitoonniifi barreessitoonni Afaan Oromoo irratti *dhimmam*toota ta'uu dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % - 4.045 akka dabaluufi sirni barnootaa Afaan Oromoof qophaa'ee otoo hinmaxxansiin dursa *hayyoota/ dhimmamtoota* mariisisuun duub-deebii fudhachuu dhiisuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % -4.663 akka dabalu hubatame. Akkasumas, sirni barnootaa Afaan Oromoo f qophaa'uu *galma baruu barsiisuu* Afaan Oromoo xiyyeeffachuu dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % -6.872 akka dabalu; sirni barnootaa Afaan Oromoo *dura ture* ogeessootaan madaalamuurraa ka'uu dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % -8.452 akka dabaluufi sirni barnootaa Afaan Oromoo qopheessuu keessatti *galumsi* hawaasaa xiyyeeffannoo keessa galchuu dhabuun % 1 yoo dabalu, AQSSB Afaan Oromoo % -9.795 akka dabalu argisiise. Haata'u malee, ragaalee dhiyaate irraa waanti hubatamu, madaalamuufi paayiletii taasifamuu dhabuun; hirmaannaan dhimmamtootaa dhibuu, qopheessitoonniifi barreessitoonni ilaalcha qajeelaa dhabuuniifi Afaan Oromoo irratti beekumsa ga'aa dhabuun dhiibbaa sirrii hintaane taasisuun qulqullinaan saxaxamuu dhabuuf sababoota olaanaa akka ta'an mul'ateera. Sababoonni sirna barnootaa Afaan Oromoo saxaxuu irratti dhiibbaa sirrii hintaane taasisan jijijjiiramoonni kana duwwaan otoo hintaane kan biroonis kan jiranidha *(other things/ variables remain constant).*

Yaada kana deeggaruun, odeeffannoon gaaffii afaaniin barreessitoota kitaabaa irraa guurameera. Kanneenis, mata-duree barnootaa filachuuf fedhiin dhimmamtootaa sakatta'amuu dhabuu; sirna barnootaa Afaan Oromoo qopheessuu/ fooyyessuun dura barattoonni dandeettiifi qabiyyee akkamii akka barbaadan adda baasuu dhabuudha. Akkasuams, akka barsiisonni ibsanitti qabiyyeen barnoootaa fooklorii, aadaa, seenaafi siyaasaa Oromoo irraa ka'uu dhabuufi dhimmamtoonni gara oliifi gara gadii walqixa qooda fudhachuu dhabuuniifi qaamni siyaasaa gidduu seenuu sababoota qulqullinaan qopheessuu irratti rakkoo/ dhiibbaa uuman akka ta'edha. Kanarraa, waanti hubatame sababoota baay'eetiin adeemsa seeraan saxaxuu irratti dhiibbaan sirrii hintaane kan taasifamu ta'uusaa agarsiise.

## 5. Ibsa Qorannichaa

Adeemsa saxaxa sirna barnootaa saayinsawaa qopheessuu keessatti naannoo qaccessuuf xiyyeeffannoo kennuun isa tokkodha. Haata'u malee, adeemsa sirna barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaaf saxaxame irratti naannoon qaacceffamuu xiyyeeffannoo hinarganne. Kanaaf, barnoonni dhiyaateeru baruu barsiisuuf mijaawaa miti. Kanarratti, Rechardes (2001, f.90) barnoonni naannoo xiyyeeffatee hinqophoofne ittiin barachuufi itti fayyadamuu barattootaa kan hinkakaafne ta'uu ibseeraa. Nation'fi Macalisters (2010, f. 3) qaaccessa naannoon alatti sirni barnootaaf qophaa'u bu'aa kan hinqabneefi barachuu barsiisuufillee kan fedhii hinkakaafne akka ta'e ibsaniiru. Kanaaf, Kelly (2004, f.49) sirni

barnootaa dirqama naannoo aadaa-hawaasaan walqabachuu akka qabu cimsa. Kana ta'uu baannaan, barnoonni dhugaa qabatamaa eegamu akka hintaane agarsiisa. Fedhii qaaccessuu, itti fayyadama afaanii keessatti barattoonni waan barbaadan, waa hojjechuuf hanqina beekumsaa qabaniifi waan isaan barachuuf hawwan adda baasuuf gargaara (Li, 2014, f.1869; Graves, 2000, f. 100).

Darbee, galmiifi kaayyoon sirna barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaaf saxaxame fedhii imaammata barnootaa galmaan ga'uuf qulqullina barnootaa dhiyeessuu, dinagdee guddisuufi waliin ga'iinsa barnootaa irratti kan xiyyeeffatedha. Haata'u malee, ga'umsa barattootaa guddisuuf ga'aa miti. Kunimmoo, barnoonni dhiyaatu akka xiyyeeffannoo hinqabaanne tasisa (Graves, 2000, f. 82; MoE, 1994, ff. 8, 10).

Inni biroon, sirna barnootaa Afaan Oromoof saxaxame keessatti mata-dureefi qabiyyeen dhiyaate qorannoo irratti waan hinhundoofneef dirree barnootaa gara garaa irraa kan filatame miti. Silabasiin Afaan Oromoo afaan Amahaaraa jalqaba saxaxamerraa madaqee waan qophaa'eef, qabiyyee afaan Amahaaraa fakkaatu hammachiifame. Kanaaf, qabiyyeen filatame kan barattoonni irraa barachuuf hineegneefi amaloota afaanii waliigalaa walmadaalaa ta'e hinqabnedha. Akkaataa bal'ina Oromoottis qabiyyeen aadaafi duudhaaleen hammatame quubsaa miti. Akkasumas, hawaasummaa ilaalchisee, Oromummaan, sabboonummaan, siyaas-dinagdeen, sirni bulchiinsaa, seenaafi gootummaan Oromoo, qaamolee siyaasaan keessaa gulaalamee haqame. Qabiyyeen jaalalli saba ofiifi naannoo ofii barsiisu hinjiru. Gootonni qabsoo mirga abbaa biyyummaa Oromoof gumaacha guddaa godhan seeaan isaanii keessaa duguugamee baafameera. Oromoon Oromummaa isaa akka dagatu yookaan akka of wallaaluuf qabiyyee qaamolee siyaasaa si'anaatti tolu keessa galfame. Haata'u malee, Jolly'fi Bolitho (1998, f. 111) akka ibsanitti, sirna barnootaa saxaxamu keessatti qabiyeen hammatamu galumsa aadaa-hawaasaa, muuxannoo addunyaa dhugaa fi afaan tokkoffaa barattootaa yaada keessa galchu akka qabu irratti waliigalu.

Sirna barnoota Afaan Oromoof saxaxame keessatti sadarkeeffamni qabiyyee tartiiba qaba. Haata'u malee, sadarkaan cimina isaa dandeettii barattootaan gadi waan ta'eef, gad-fageenyaan barattoonni akka itti yaadan (*challenge*) kan godhu miti. Sirni barnootaa Afaan Oromoof qophaa'eeru, hariiroo kitaabilee barnootaa waliin qabu *(vertical and horizontal relation ships of textbooks)* kan hordofe osoo hintaane, akka feeteen kan qophaa'edha. Barsiisuufi barachuurratti mijaa'ummaan/ qindoominni qabiyyeen hammatame sadarkaa barattootaan gadiidha. Mijataa waan hintaaneefis, dandeettiiwwan afaanii dubbisuufi barreessuu horachiisuuf quubsaa miti. Faallaa kanaan, sirni barnootaa qabiyyeen gara garaa kallattii irraa-gadii'fi, dalgeen *(vertical & horizontal)* filatamee hammatamu kan sadarkaa isaa eeggate akka ta'e Dubin'fi Olshtain (1994, f. 55) ibsaniiru. Kanaaf, Morris (1998, f.75) dhiyeessi qabiyyeen sirna barnootaa keessatti dhiyaatu ulaagaalee qindoomina mul'isan irratti hundaa'uu akka qaban dhiyeessa.

Haaluma kana fakkaatu, dhiyaannaafi dhiyeessi qabiyyee sadarkaa lammaffaa (9-10) irra deddeebiin kan dhiyaatedha. Tartiibni dhiyaannaa waa'ee afaanii (jechoota, seer-luga), darbee darbee muraasa dhiyeessa. Dandeettiiwwan afaanii walmadaalaafi walsimataa miti. Tarsiimoo afaan barachuufi dalagaaleen bal'inaafi gad-fageenyaan hindhiyaanne.

Haata'umalee, akka hojiirra ooluuf qabiyyeen dhiyaateyyuu bal'ina dareetiifi mijataa miti. Kanarratti, yaanni Nation'fi Macalister (2010, f. 89) ibsan garuu, faallaadha. Sababiin isaa sirna barnootaa sadarkaa isaa eege keessatti, dhiyaannaafi dhiyeessi gochaalee garaagaraa duraa duubaan akka dhiyaatu ibsaniiru. Yaaduma kana fakkaatu, qorattuun Rodrigues (2015, f.15) dalagaaleefi gochaaleen sirni barnootaa afaanii, dhiyaannaafi dhiyeessaan qindaa'an barachuun akka galma ga'uuf haala mijaawaa uuma.

Akkasumas, sirna barnootaa kana keessatti, itti fayyadama afaanii barattootaa fuul-duraa fooyyessuuf duub-deebii gargaaru dhyeessuu dabalatee, akaakuun hordoffiifi gamaaggama garaagaraa akkaataa fooyya'iinsa barnootichaaf ta'utti hinhammatamne. Kunimmoo, akka Mukundan, Hajimohammad'fi Nimehchisalem (2011,f.23) eeranitti, hordoffiifi gamaaggamni sirna barnootaa keessatti saxaxamu galma odeeffanoo dhiyeessu kan hinqabne ta'uu ibsaniiru.

Mukundan, Hajimohammadi'fi Nimehchisalem (2011,f. 25) sirna barnootaa xiyyeeffannoon qophaa'u, sababoota barataa, barsiisaa, dhaabbataafi haalota waliin walqabatan irratti hundaa'a. Isaanis umurii, seen-duubee aadaa, bilchina sammuu, fedhiifi barbaacha barataafi seen-duubee ogummaa, muuxannoo, ulfaatinaafi carraa ogummaa guddifachuu barsiisotaati. Sirni barnootaa dhiibbaa mitisirrii malee haala kana yaada keessa galchuun saxaxamu bu'a-qabeessa akka ta'u (Tomlinson, 2003, ff. 22-23'fi Cunningsworth, 1995, ff. 15-17) ibsaniiru.

Kan malee, qophiifi haaromsa sirna barnoota Afaan Oromoo irratti mariif dhiyaachuu, paayilet taasifamuufi madaalliin raawwatamuu ilaalchisee bu'aan mul'ateera. Innis: i) Barnootaa Afaan Oromoo yeroo gara garaa qophaa'e maxxansiisuun dura, barreeffama jalqabaa irratti ogeessonni, hayyoonniifi dhimmamtoonniifi qaamni dhimmi isaa ilaallatu irratti marii paanaalii taasisuun mirkanaa'ee hinbeeku. ii) Sirni barnootaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessaan hojiirra oole yeroo gara garaa qophaa'e otoo gara mana maxxassaatti hinergamiin dura, manneen barnootaa filachuuniifi barsiisota leenjisuun, yoo xinnaate waggaa tokkoof payiletii gochuun bakka hir'inni mul'ate fooyyessuun taasifamee hinbeeku. iii) Barnoonni Afaan Oromoof qophaa'ee otoo hojiirra hinooliinis ta'e erga hojiirra oolee hir'ina isaa adda baasanii fooyya'insa barbaachisaa taasisuuf madaalliin adeemsaafi waliigalaa raawwatamee hinbeeku.Haata'u malee, madaalliin haalaan hinhammatamne taanaan miti-kallattiin dhiibbaan kan irratti taasifamudha. Akkaataan qophiifi hojiirra oolmaa sirna barnoota dhiyaatuu kan ittiin ilaalamu akka hinjirre (Brown, 1995, f.223) mirkaneessitee jirti. Sababiin isaa, akkuma qorattoonni Nation'fi Macalister (2010); Graves (2000) sirni barnootaa afaanii saxaxuun adeemsa waliigalaa keessa darbuu isaa mirkaneeffachuufi fooyya'iinsa taasisuuf madaalliin murteessaa akka ta'e addeessaniiru.

Adeemsa qophii sirna barnootaa keessatti sababoonni dhiibbaa sirriifi sirrii hintaane taasisan nijiru. Fakkeenyaaf, guddina dinagdee, qulqullina barnootaa, saffisa dagaagina tekinoloojii, kalaqaafi kanneen biroo kallattii dhiibbaa sirriitiin sirni barnootaa akka haaraatti akka qophaa'u yookaan akka fooyyeffamu kan taasisanidha (Richardes, 2001).

Haata'u malee, faallaa kanaan kanneen qulqullinaan qophaa'uu sirna barnootaa AO irratti dhiibbaa sirrii hintaane taasisan keessaa, ilaalchi siyaasaa isa tokkodha. Kanarratti, Primrose'fi Alexander, (2013,f.60) sirna barnootaa qopheessuu keessatti qaamoleen siyaasaa adeemsa sirrii hintaaneen harka keessa galfachuun dhiibbaa sirrii hintaane uuma. Haaluma kana fakkaatuun, qopheessitoonni sirna barnootaa AO afaanicha irratti beekumsa ga'aa dhabuu, dhimmamaa ta'uufi ilaalcha qajeelaa dhabuun qulqullinaan qophaa'uu isaarratti akka dhiibbaa uume ragaa dhiyaaterraa hubatameera. Kanaaf, Forsberg (2014, f. 274) ogeessota muuxannoo fi leenjii hinqabneen sirni barnotaa qophaa'u, kan sadarkaa isaa eeggate hinta'u. Darbee, barreessitoonni sirna barnootaa baay'een akkamitti akka saxaxan, qabiyyee filachuufi mala keessatti dhiyaachuu qabu hammachiisuu irratti nirakkatu. Faallaa kanaan, Carl (2005) ogeessota dhimmiisaa ilaallatuun sirna barnootaa qopheessuun qulqullina akka qabaatu taasisa (f.228).

Gama biraatiin, sirni barnotaa Afaan Oromoo yeroo qophaa'etti, adeemsa keessa yeroo jijjiiramaa deemetti barbaachisummaa isaa, paayiletiifi madaalliin qorannoon adda bahuu dhabuun qulqullinaan qophaa'uu isaarratti kan rakkoo uumu ta'uu hubatameera. Yaada kana deeggaruun Richards (2001, f. 25) sirna barnootaa otoo hinqopheessiin qorannoo fedhii qaaccessuu geggeessuu, erga barreeffamee barbaachisummaafi ga'umsa isaa paayiletiifi madaalliin adda baasuu; ta'uu baannaan akka qulqullina hinqabaanne mirkaneesse.

Qulqullinaan qophaa'uu dhabuu sirna barnootaa Afaan Oromoo irratti sababa kan ta'e inni birooon, dhimmamtoonni dhimmi ilaallatu akka keessatti qooddataniifi irratti mariyatan gochuu dhabuu akka ta'e ragaa dhiyaate irraa hubatameera. Kanaarratti, Primrose'fi Alexander, (2013, f.60) adeemsa qophii isaa mariin mirkaneessuu irratti dhimmamtoota keessaa (barsiisaa, barataa)'fi alaa (maatii barattootaa, ogeessonni, qaamolee mootummaafi miti mootummaa...) hirmaachisuun dirqama akka ta'e balballoomsa. Keessattuu hawaasni galmaafi kaayyoo barnoota dhiyaaturraa eegu waan qabuuf qopheessitoonni yaada keessa galchuu akka qaban cimsa. Barattoonni ammoo, beekumsa, dandeettii, sonaafi ilaalcha isaan barnootichaaf qaban itti fidanii qopheessuu akka qaban dabalee hubachiisa. Sirni barnootaa qophaa'u hirmaachisaa ta'uu baannaan faayidaa akka hinqabne addeesse (f.61).

Darbee, galma baruu barsiisuufi leenjii barsiisotaan walsimsiisuu dhabuun sirna barnootaa AO qulqullinaan qopheessuu irratti dhiibbaa sirrii hintaane akka uume hubatameera. Kanarratti, Karkkainen (2012, f. 48) sirni barnootaaf qophaa'u mootummaafi imaammata biyyoolessaan itti amanamee kan raawwatamuufi galma baruu barsiisuu kan xiyyeffatu ta'uu akka qabu eera. Kana gochuun ammoo qulqullinaan qopheessuu irratti dhiibbaan sirriin akka uumamuuf gargaara. Kanaaf, Suleman'fi Gul (2015, f.73) adeemsa qophii sirna barnootaafi leenjii barsiisotaaf maallaqni ga'aan ramadamuu dhabuun, sirna barnootaa sadarkaafi adeemsa saayinsawaa hineegne akka taasisu agarsiisa. Kanarraa kan ka'e, qabiyyeen barbaadamu qorannoo malee, akka hammatamu taasisfama. Barsiisotaaf leenjii barbaachisu dhiyeessuun ga'eessota akka hintaane taasisa. Darbee, leecallo maleessaafi walitti dhufeenya hawaasaafi barsiisotaa hanqisa. Hojiirra oolmaa imaammata barnootaas, dadhabaa taasisa.

## 6. Goolaba

Barnootaafi leenjii barnootaa keessatti dhimmi ijoon qulqullina barnootaa galmaan ga'uudha. Kunimmoo, sirna barnootaa qulqullinaan saxaxuuun kan dagaagudha. Kanaaf, hojii barnootaaf sirna barnootaa saxaxuun barachuuf dhaloota gargaaru uumuu ta'ee, ciicata barnootaa bu'a-qabeessa milkeessuudha. Sirna barnootaa saxaxuun, dhimma saayinsawaafi hawaasummaa xiyyeeffatu waan ta'eef, ogummaa irratti hundaa'ee adeemsa saayinsawaa hordofee qophaa'udha.

Kun kana ta'ee, qorannoo kanaan argannoon mul'ate, sirni barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa adeemsa saxaxa saayinsawaa hordofee kan hinqophoofne ta'uusaati. Keessattuu, saxaxuu keessatti dhimmoota ijoo qaaccessa fedhii waliigalaafi kaayyoo qopheessuutii hanga madaalliitti; aadaa-hawaasummaafi hirmaannaa dhimmamtootaan ala kan qophaa'edha. Adeemsi saxaxa/ qophii sirna barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa walitti dhufeenyaafi hirmaannaa ogeessotaa, barsiisotaa, barattootaafi dhimmamtootaan alatti kan qophaa'edha. Haata'u malee, sirni barnootaa hirmaannaa dhimmamtootaafi saxaxa saayinsawaa hinhordofiin qophaa'u ammoo, qabiyyee qulqullina hinqabneen kan hammatamu ta'a.

Haaluma kana fakkaatuun, haala sirni barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa itti saxaxame irratti argannoon dhiyaate hunduu, faallaa yaad-hiddama saxaxa saayinsawaa (Nation & Macalisters 2010) dhiyeessan agarsiisa. Kana malee, adeemsiifi seerri sirni barnootaa kun itti qophaa'e, fedhii, aadaa-hawaasaa Oromoofi hirmaannaa dhimmamtootaaf xiyyeeffannoo kan dhowwatedha. Kanarraa kan ka'e, argannoon qorannoo kanaa sirni barnootaa Afaan Oromoo adeemsa saxaxa saayinsawaa hordofee irra deebiin akka qophaa'u, walitti dhufeenyaan hirmaannaa dhimmamtoota gara oliifi gadii (MB, BBO, barsiiotaafi barattoota…) akka qopheessan kallattii agarsiiseera.

## Wabiilee

Alkharusi, H., Aldhafri, S., Alnabhani, H., & Alkalbani, M. (2012). Educational assessment attitudes, competence, knowledge, and practices: An exploratory study of Muscat teachers in the Sultanate of Oman. *Journal of Education and Learning*, 1(2), 217-232. URL: http://dx.doi.org/10.5539/jel.v1n2p217 ISSN 1927-5250 E-ISSN 1927-5269

Awol Endris (1999). Conceptions of language teaching and learning and classroom decision making: A case study of high school teachers in Ethiopia. (Unpublished PhD. Thesis). AAU.

Briendley, G. (1989a). The role of needs analysis in adult ESL program design. In Johnson, (Eds.). *The second language curriculum*. Cambridge: Cambridge University Press.

Brown, J.D. (1995). *The elements of language curriculum*. New York: Heinle and Heinle Publishers.

Carl, A. E. (2005). The voice of the teacher in curriculum development: A voice crying in the wilderness? *South African Journal of Education*, 25(4), 223–228.

Creswell, J.W. (2012). *Research design: Qualitative, quantitative,* and *mixed methods approach.* **(**4th edition). London: Sage Publications, Inc.

Cunningworth, A. (1995*). Choosing your course book.* Oxford: Heinemann.

Fisher, R., and Swindells, D. (1998). 'The development priorities of Ethiopian higher education teachers'. *Professional Development in Education*, 24 (2), 307-315. Retrieved from http://pdfserve.informaworld.com/on 13/11/2010.

Forsberg, G. L. (2014)."Curriculum development and constraints of reality: issues, approaches and insights from an African case study with particular reference to language materials development." (1988). Un published Doctoral Dissertations https://scholarworks.umass.edu/dissertations_1/2032

Dubin, F., and Olshtain, E. (1994). *Course design*. Cambridge: Cambridge University Press.

Graves, K. (2000). Designing language courses: A guide for teachers. *The Electronic Journal for English as a Second Language*, 4 (4), 1-4, Boston MA: Heinle & Heinle Publishers.

Jeilan Aman. (2013). *Challenges of mother-tongue education in primary schools*: The case of Afan Oromo in the East Hararge Zone, Oromia Regional State, Ethiopia. (Un published PhD. Thesis). University of South Africa, Department, Literature and Philosophy.

Jolly, D., and Bolitho, R. (1998). A framework for materials writing. In B. Tomlinson (Ed.), *Materials development in language teaching*, (pp. 90–115). Cambridge: Cambridge University Press.

Kärkkäinen, K. (2012). Bringing about curriculum innovations: Implicit approaches in the OECD Area. *OECD Education Working Papers*, No. 82, OECD Publishing. http://dx.doi.org/10.1787/5k95qw8xzl8s-en

Kelly, A. V. (2004). *The Curriculum: Theory and practice*. (*5th ed.).* London: SAGE Publications Limited.

Li, J. (2014, September). Needs analysis: An effective way in business English curriculum design. *Theory and Practice in Language Studies*, 4(9), 1869-1874. doi:10.4304/tpls.4.9.1869-1874

Mata, L. (2012). Key factors of curriculum innovation in language teacher education. *World Academy of Science, Engineering and Technology International Journal of Educational and Pedagogical Sciences*, 6, (6), 1222-1230

McKernan, J. (2008). *Curriculum and imagination: Process theory, pedagogy and action research.* London: Rutledge.

MoE. (1994). *Education and training policy.* Addis Ababa: St. George Printing Press.

MoE. (2009). *Curriculum framework for Ethiopian education (KG–Grade 12)*." Addis Ababa: MoE.

Morris, P. (1998). *The Hong Kong school curriculum: Development, issue and polices*. (2nd ed.). Hong Kong: Hong Kong University Press.

Mukundan, J., Hajimohammadi, R., and Nimehchisalem, V. (2011). Developing an English language textbook evaluation checklist. *Contemporary Issues in Education Research*, 4(6), 21-28.

Nation, I.S. P., and Macalister, J. (2010). *Language curriculum design*. New York: Rutledge Taylor & Francis Group.

Otunga, R. N., and Nyandusi, Ch. (2009). *The context of curriculum development in Kenya*. Nairobi: Moi University.

Posner, G. (1995). *Analyzing the curriculum*. New York: McGraw-Hill, Inc.

Pratt, D. (1994). *Curriculum planning: A handbook for professionals*. Toronto, ON: Harcourt Brace.

Primrose, K. & Alexander, C. R. (2013). Curriculum development and implementation: Factors contributing towards curriculum development in Zimbabwe higher education system. *European Social Sciences Research Journal*, 1(1), 55-65.

Richard, J.C. (2001). *Curriculum development in language teaching.* Cambridge: Cambridge University Press.

Rodrigues, E.N. (2015). Curriculum design and language learning: An analysis of English textbooks in Brazil. Curriculum and Instruction. Unpublished PhD dissertations at Andrews University. https://digitalcommons.andrews.edu/dissertations/1

Suleman, Q. & Gul, R. (2015). Factors Affecting Quality of Primary Education in Kohat Division, Pakistan. *Research on Humanities and Social Sciences*, Vol.5, (7) 64-77.

Tomlinson, B. (2003). *Developing materials for language teaching.* London: Continuum.

Wang, H. (2006). *An implementation study of the English as a foreign language curriculum policies in the Chinese tertiary context*. Ontario: Queen's University.